ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 14 Caamsaa 2007

Lakk: 02/ABO/07

Guyyaan gootata Oromoo calaqqisa kaayyoo bilisummaa, tokkummaa fi qabsoo Oromooti.

Caamsaa 15, guyyaa goota Oromoo, barana yeroo 24ffaaf kabajanna. Addi Bilisummaa Oromoo, guyyaa burqaa mallattoo murannoo saba keenyaa fi hamilee sabboonummaa ta'e kana kabaja ol'anaan simata. Qabsaawotaa fi ummata bal'aa Oromootiinis baga geessan jedha.

Caamsaan 15, guyyaa gootota Oromiyaa, walabummaa Oromiyaa mirkaneesuuf wareegamaniiti. Kanaaf guyyaa kayyoo kanas walumaan itti yaadannuu fi itti wal yaadachiifnu, akkasumas, balaa irraa ittisuuf itti of qopheessinu.

Kana qofaa miti, guyan kun guyyaa calaqqisa sabbonummaa Oromooti. Guyyaa Ilmaan Oromiyaa daangaa garaagarummaa diinootni dura danqaran caccabsanii akeekaa fi biyya tokkichaaf walii wajjiin xoofoo du'aa itti unatanidha . Kanaaf, guyyaa nutis faana isaanii buunee gurmuu tokkummaa Oromoo tiksuuf qooda nu irra eegamu bahuuf kakuu keenya haaromsinudha.

Tarees, guyyaa hammeenya sirna bittaa alagaa nu yaadachiisuu. Qabsoo malee bilisummaan, wareegama malee injifatnoon, karaa qaxxaamuraan dhufu matumaa akka hinjirre jabeessee nu qalbifachiisa. Kanaaf guyaa, biyya abbaa keenyaa qabsoon deeffachuuf falmaa seenne ciminaan ittifufuuf caalaatti itti wal hamilchinu.

Akkanaan, guyyaa yaadannoo waggaa kanaa kan kabajannu , dhugaalee olitti tuqataman irratti hundoofnee, akeekni goototni keenyaa arsaa ta'aniif akka bakka gahuuf har'as akkuma kaleessaa, Oromiyaa Walaba !, Qabsoo ! , Tokkummaa ! sagaleellee jedhan ol fuunee dhageessisuun ta'a.

Addi Bilisummaa Oromoos dhadannoolee kana qabatee, har'as Oromiyaa bilisa Mirkaneessuuf, tokokkumaa Oromoo cimsuuf, qabsoo sirna bittaa kolonummaa ittifufuuf, waadaa seene guyyaa haromsu dha. Gucci bilisummaa Oromiyaa goototni keenya qabsiisan hanga galma gahutti akka hin dhaamne arsaa feesisu basuufis qophii ta'uu hubachiisa. Miseensootni isaa fi ummatni bal'aan Oromoos, galatni gootota keenyaa akka hin badne, wareegamni isaanis akka ija godhatu qabsoo itti jiran jabinaan akka ittifufan waamicha dabrsa.

Qabsoon Ittifufa! Injifatnoon Ni Dhufa!

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

Adda Bilisummaa Oromoo